



Hundumtuu maatiin isaanii gammadoo, fayyaaleyyii fi nagaa tahuu barbaadu.



Hundumti keenya qe'ee fi hawaasa keenya keessatti bilisa taanee jiraatuun mirga keenya.



Australia keessatti dhiiraa fi dhalaan mirga wal qixa qaban.



Qe'ee keessatti kan raawwatu yoo tahes okkorri/gajuhmsi maatii, saalummaan dhaanamuu fi wal-fuudhiin humnaan dirquu Australia keessatti yakka. Okkorri/gajuhmsi maatii keessaa rukutta qofa miti. Dheekkamsa gar-malee, ijoollee sodaachisuu, maallaqa maatii qoqqobuu yookaan haadhi/abbaan warraa akka firaa fi maatii hin argine dhorkuu dha.



Police Australia keessaa nagaa kee kan tiksan fi amanamoo dha. Yoo ofii kee yookaan namni biro balaa keessa jiraatuu beekte police dubbadhu yookaan **000** bilbilii.



Tajaajilli aadaa kabaju kan nageenya qabuu fi si gammachiisu Australia keessa ni jiran.



Wanneen ati gargaarsa itti argatuu dandeessu:

- Gajahumsa qe'ee fi maatii keessaa
- Saalummaan dhaanamuu
- Humnaan wal-fuudhii ijoollee miidhuu
- Arrabaan nama miidhuu

Call **1800RESPECT** on 1800 737 732



Balaa keessa yoo jiraatte **000** police yaami.
Gorsaa fi odeeffannoo hiccitii yoo barbaadde **1800 RESPECT** tola 1800 737 732 irratti bilbilii.
Yookaan mar-sariitee www.1800RESPECT.org.au ilaali.
Yoo humnaan wal-fuudhaaf dirqamaa jirta tahe **Police Federala Australia (Australian Federal Police) 131 237** irratti bilbilii.
Afaan hiikaa/deebisa yoo barbaadde **Tajaajila Afaan Hiikkaa fi jijjiirraa (Translating and Interpreting Services) 131 450** irratti bilbilii.